*Qoricha Kee*

## Manatti

- Man Qorichaa hedduuf bilbiluun qorichi kee meeqa akka ta'e gaafadhu — Mana qorichaa walfakkaatu keesstti osoo hinhafne gatii adda adda ta'u danda'a.
- Gatii qorichaa wal madaalsiisuuf intarneetiin marsariitii-wwan rakasaa fi kuppooniiwwan barbaadi.
- Kubaaniyaa inshuraansii keef bilbili. Kubaaniyoonni tokko tokkos imala guyyoota 30 olii haguuguuf 'hirrisa gatii boqoonnaa' siif kennu danda'u.
  - Qorichaaf gatii guutuu kanfaluu qabdu ta'a, garuu erga galtanii booda guca guuttanii kubaaniyaa ins-huraansii keessaniitti erguun akka isiiniif kanfalamu gaafachu dandeessu.
- Waajjira doktara keessaniitti bilbiluu rakkina (kiniinii gahaa yoo dhabdan ykn kan hajajame baayyee yoo qaala'ee) fi qoricha bakka buusuuf itti himaa.

# Qorichi Imalaa Keessan Osoo Baayyee Qaala'ee maal Akka Gootan



# *MEEQA BAASA?!?*

# MEEQA BAASA?!?

Qorichi Imalaa keessan Osoo Baayyee Qaala'ee Maal Akka Gootan

*Doktara Biratti*

## Doktara Biratti

- Biyyaa ala imaluuf karoora yoo qabaatte doktara keetti himi. Eessa akka deemtuu fi hangamiif akka turtu itti himi. Doktarri kee fayyaa kee attamiin akka eegdu, attamiin ofii fi maatiikee buusaarra akka itti eegdu dabalatee, odeeffannoo barbaachisu siif kennuu danda'a.
- Inshuraansii ykn Medicaid/Medicare kan hinqabne yoo ta'e, gatii qorichaaf yaada'u keefi qoricha rakasaa akka barbaaddu ta'u doktar keetti himi.
- Qoricha kee gatii gaariidhaan gara biraatii bitachuf kan barbaaddu ta'e doktarri kee hajaja waraqaa akka siif kennu gaafadhu.
- Attamiin gatii qoricha keetii akka hirraturratti yaada kamuu yoo qabaatan doktara kee gaafadhu.

*Mana Qorichaatti*

## Mana Qorichaatti

- Oggeessi qorichaa akka qoricha sirrii ykn gosa gatiisaa rakasaa siif kennu gaafadhu.
- Oggeessi qorichaa qoricha keetiif waa'ee kaardii gatii hirrisuu ykn kupponiiwwan kamiiyyu yoo beekan ta'e gaafadhu.
- Oggeessi qorichaa akka gara caalaa rakasaatti akka siif geedaruuf waajjira doktara keef akka bilbiluuf gaafadhu.
- Hajajiichi mana qorichaatti karaa intareetiin kan ergame yoo ta'e, gatii fooyya'ee kan argatte yoo ta'e mana qorichaa sanatti akka erganiif gaafadhu.

651-201-5414
www.health.state.mn.us
9/2021

DEPARTMENT OF HEALTH
University of Minnesota